

Kudurafi muduraa otoohin bilchaatiin nyaaatataman bishaan wal'anamen dhiquufi yeroo dhuma sana nyaachuu




Harka bishaan qulqulluufi saamunaa dhaan dhiqachuu

## 5. Mallattoowwan dhibee koleeraa

- Garaa baasaa sardaa akka tasaa uumamuu fi bishaan fakkaatu(kan bishaan ruuzaa fakkaatu,
- Irra dedeebiin ol-nama deebisa,
- Dhibeen koleeraa hoo'ina qaamaafi cininnaa garaa qabachuu dhisuu ni danda'aa,
- Hatattamaan waldhaansa fayyaa yoo argachuu baanne, dhangala'a qaama keenya keessa jiru duguugee waan fixuuf humna dhabuu, gogaan shuunturuu fi afaan nama gogosuun du'a namarraan gahuu ni danda'a.



Da'iman erga qulqul'anii booda mana fincaaniti dhanga laasuu ykn boolla qotuun awwaaluu barbaachisa



Mana fincaani fayyadamuu qulqullinan qabachu fi erga fayyadamani booda qadaaduu




Kosii gogaafi dhangala'a haalaan dhorku


## 6. Tarkaanfiwwan yeroo dhibeen koleeraa nama tokko irrati mul'atu fudhatamuu qaban:

- Mallattoolee armaan olitti ibsaman keessaa tokko yoo mul'ate hanga buufata fayyaa geenyutti, dhangal'aa qulqullini isaa eegame fudhachuu.





- ORS'n manaa hin qabnu yoo ta'e sukkaara fal'aana shayii 6fi soogidda fal'aanaa shayii walakkaa bishaan leetira tokko wajjin walitti makuun yeroo isin baasu dhuguu,
- ORS'n mana keessa yoo jiraate paakeettii tokko bishaan leetira tokko wajjin walitti makuun dhuguu. ORS fayyadamuun kan danda'amu erga walitti makamee sa'atii 24 keessatti qofadha.
- Daa'imman harma hodhan yoo dhibee koleeraan qabaman kan durii caalaan harma daddafanii hosiisuun barbachisadha.




Produced by unicef and reprinted by Action For Development in partnership with UNOCHA.

አክሽን ፎር ደቨሎፕመንት
ACTION FOR DEVELOPMENT
*Enabling dryland communities to realize their potential*




PO Box 19859
Tel. 011 662 59 76
Fax 011 662 55 63
info@afdethiopia.org
www.afdethiopia.org



# ACTION FOR DEVELOPMENT

# Dhukkuba Koleeraa (Cholera)



## 1. Dhibeen Koleeraa maali?


Dhibeen Koleeraa jarmoota ijaan hin mul'anneen kan dhufu yoomuu ta'u, garaa baasaa fi haqqisiisaa sardaa nama qabsiisuun dhangala'aa qaama namaa keessa jiru duguugee fixuun humna kan dadhabsiisudha. Namni dhibee kanaan qabame waldhaansa barbaachisaa argachuu dhabnaan, sa'aatii muraasa keessatti ajjeesuu danda'a.






## 2. Wantootni dhibee koleeraa nama qabsiisuu danda'an:

- Bishaan faalame,
- Nyaata faalame,
- Hanqina qulqullina dhuunfaa fi naannoo,
- Mana fincaaniin ala dirree irratti bobba'uu,
- Mana fincaaniiti haalaan fayyadamuu dhiisuu fi jiraachu dhabuu mana fincaanii,



## 3. Karaalee dhibeen koleeraa ittiin namatti daddarbu:

- Bishaan qulqullina hin qabne/faalame dhuguu
- Meeshaalee qulqullinni isaanii hin eegamnee fi bishaan waldhaanameen hin dhiqamnetti fayyadamuu
- Meeshaalee bishaan itti kuufaman qulqullinaan qabuu dhabuu,
- Harka bishaan waldhaanamee fi saamunaadhaan sirritti osoo hin dhiqatiin nyaata qopheessuu, dhiyeessuufi soorachuu
- Nyaata faalame, kuduraafi muduraa qulqullinni isaanii hin eegamne fayadmuufi,
- Nyaata qodaa qadaada hin qabne keessa turee fi qorraa nyachuufi itti fayyadamuu,
- Garaa baasaa fi haqqee namoota dhukkuba koleeran qabamanii halaa barbachisaa ta'een gatuu dhisuu,
- Meeshaalee namni dhukkuba koleeran qabame itti fayyadamee otoo haalaan hin quulquulleesiin deebisani fayyadamuu,
- Reefa nama dhukkuba koleeran du'ee xuuxuuquun kaneen ijoodha.




## 4. Dhibee koleeraa ofirra ittisuudhaafi

- Meeshaalee bishaan kuufaman yeroo hundaa qulqullinaan qabuu, bishaan waldhaaname ykn bishaan danfeen dhiiquufi qadaaduu.
- Meeshaalee nyaata itti ol keenyu qulqullinaan qabuu.
- Yeroowwan murteessaa ta'anitti harka saamunaa fi bishaan qulqulluudhaan dhiqachuu, kunis:
  - Nyaata qopheessuun dura,
  - Nyaata nyaachuun dura,
  - Daa'ima harma hoosisuun dura ykn nyaata kennuun dura,
  - Daa'iman ergaa qulqulleessanii booda,
  - Mana fincaanii ergaa fayadamanii booda,
  - Nama dhukkuba koleeraatiin dhibamee ergaa kunuunsinee booda,
  - Reefa nama dhibee koleeraatiin du'ee erga xuuxuuqaanii booda.
  - Garaa baasaafi haqee nama dhukkuba koleeraatiin qabamee seeraan qulqulleessuu, mana fincaaniitti dhangalasuufi ergaa xuumuranii booda garkaa bishaan qulqulluu fi saamunaadhaan sirritti dhiqachuun barbachisaadha.



Bishaan dhugaatiifi meeshaalee ittiin qulqulleesuuf olaan, denfisanii qabaneesuuf ykn bishaan wal'anamen fayadamuu



Bishaan dhugaatiifi meeshaalee ittiin qulqulleesuuf olaan, denfisanii qabaneesuuf ykn bishaan wal'anamen fayadamuu



Meeshaalee bishaan ittiin kuufaman yeroo hunda bishaan wal'anamen ykn bishaan danfen dhiquufi qadaaduu